MIRKANEESSAA SEERA QABEESSUMMAA

Employment Security Department
WASHINGTON STATE

Faayidaalee hojii dhabummaa idilee argachuuf ulaagaan guutaa?	Eeyyeen	Lakki
1. ''Waggaa bu'uuraa'' keessan keessatti yoo xinnaate sa'aatiiwwan 680 hojjattaniitu? Waggaan bu'uuraa keessan torban faayidaaleef hin iyyatiin dura kurmaanawwan kaalandaraa xumura shan keessaa isaan arfan jalqabaati.		
2. Baatiiwwan 18 darban keessa yeroo muraasaaf bulchiinsa Washington keessa hojjataniitu?		
3. Hojjachuu dandeessuu? Hojjachu dandeessuu jechuun sammuu fi qaamaan hojjachuuf dandeessuu jechuudha.		
4. Hojii dhaaf argamtuu? Hojiidhaaf argamtuu jechuun danqaawwan hojii akka hin fudhannee isin dhorkan (fakkeenyaa: dhimmota geejibaa, dhukkubbii, boqonnaa, ykn maatii/ kunuunsa daa'imaa dhabuu) tokko malee hojjachu dandeessuu jechuudha.		
5. Dhaabbataan harii'atamtanii turtanii? *Waa'ee dhaabbataan harii'atamuun maal jechu akka ta'e dabalata barbaadaa*.		
6. Hojii keessan dhaabdanii jirtu? *Waa'ee hojii dhaabuu dabalata barbaadaa*.		
7. Baatiiwwan 18 darban keessaa loltummaa keessaa baatanii jirtuu? *Dabalata barbaadaa*.		
8. Ibsiiwwan kanneen kamu ana hin ilaalatan. Kamuu kan isin hinilaalatan taanaan, Eeyyeen filadhaa. • Ani harii'atameen ture innis balleessaa kiyyaan ture. Waa'ee balleessaa qabaachu dabalata isa barbaadaa. • Ani mindeessaa kiyya irratti fincila irrattiin argama. • Ani boqoonnaa hojiirraa hafuu irrattiin argama. • Ani ammayyuu hojjataan jira.		

Deebiin keessan **Eeyyen yoo ta'e** gaaffilee kanneen *HEDDUU* isaanitiif: Faayidaalee hojii dhabummaa idileetiif ulaagaa kan guttan fakkaata. Hanga isiniif danda'ameen atattamaan iyyadhaatii, nutis iyyata keessan ilaallee kan ulaagaa guuttan yoo ta'e murte dabarsina. **Dogongorawwan hambisuun dafee akka isiniif kanfalamuuf, maaloo tarree mirkanneessituu iyyataa buufachuun osoo hin iyyattiin dura odeeffannoo esd.wa.gov/unemployment irratti argamu dubbifachu keessan mirkanneefadhaa.**

Deebiin keessan **Lakki** yoo ta'e gaafilee kanneen *HEDDUU* isaanitiif: Faayidaalee idileetiif ulaagaa hin guuttan ta'a garuu ammo Seera KUNUNSAWWAN (CARES Act) federaalaa kan yeroo weerara COVOD-19 jalatti faayidaalee dheereefamaniif ulaagaa guutu dandeessu ta'u. Kan ulaagaa guttan ta'u keessan ilaaluuf tarree mirkanneessituu fuula ittaanu irraa guutaa.

KAN HAAROME: 04.21.20

ESD.WA.GOV

Kutaan Nageenya Qaxarrii sagantaa/mindeessaa carraa wal qixaati. Deeggarsi gargaarsaa fi tajaajiliiwwan gaaffirratti namoota miidhaa qabaniif ni jira. Namoota dandeettii Afaan Inglizii muraasa qabaniif tajaajilli afaanii bilisaan ni argama. Tajaajila Dadabarsa Washington: 711

MIRKANEESSAA SEERA QABEESSUMMAA

Employment Security Department
WASHINGTON STATE

Faayidaalee hojii dhabummaa dhereeffame weerara COVID-19'n walqabateef ulaagaan guutaa?	Eeyyeen	Lakki
1. Sababii COVID-19 tiin hojiidhaan ala taatan immoo kan baratameen gadi hojjataa jirtuu?		
2. Sababii sa'aatii 680 hin hojjatiniif jecha dhiheenyatti hojii dhabummaa didamtanii ture?		
3. Baatiiwwan 18 darban keessatti Washingiton keessa hojjatanii jirtu garuu sa'aatii 680 gadii aana?		
4. COVID-19 qabamuun, ciminaan dhukkubsatanii hojjachu hin dandeenye ture?		
5. Mallattoowwan dhukubbii COVID-19 qabaachuun, bu'aa qorannoo ykn hordoffii wallaansaa argachuuf eegataa jirtuu?		
6. Isin kan balaa ol'aanaa irra jiratanii *FI* dhiyeessaan wallaansaa akka mana turtaniif isiniitti himeedhaa?		
7. Miseensa maatii ykn nama ofi hindandeenyee COVID-19 tiin qabameef kunuunsa taasisaa jirtua?		
8. Miseensa maatii ykn nama ofi hindandeenyeefi kan mallattoowwan COVID-19 irratti mullatee fi xiyyeeffannaa wallaansaa barbaadan qabduu?		
9. Miseensa maatii ykn nama ofi hindandeenyeefi kan balaa ol'aanaa irratti argamu, isin waliin jiraatuufi ofi eeggannoo isaaniif jecha mana kan turan qabduu?		
10. Namoota balaa ol'aanaa irratti argamanii fi ofi eeggannoo isaaniif jecha mana akka turan ksn gorfamaniifi kunuunsa taasisaa jirtuu?		
11. Manni barnootaa daa'ima keessan cufamee nama daa'ima isiniif kunuunsu argachu hin dandeenyee?		
12. Bakki hojii keessan sababii ajaja motummaa ykn dhimmi COVID-19 argamuutiin waan cufameef, manarraa hojjachu hin dandeenyee?		
13. Isin ofiin of mindeessitanii?		
14. Ibsiiwwan kunneen kamuu ana hin ilaalatan. *Kamuu kan isin hin ilaalatan taanaan, Eeyyeen filadhaa.* • Ani sababiiwwan COVID-19 wal hin qabanneefan hojii koo dhaabe. • Ani faayidaalee hojii dhabummaa argachuudhumaa jechan hojii koo dhaabe. • Ani ammaan tana boqonnaa aara galfannaa, boqonnaa dhukkubbii ykn hojiin ala kan kanfaltiin itti argatamu argataan jira. • Ani manaa hojjachu nan danda'a garuu hojjachuuf hin filannee. • Ani hojjataa murteessaa dha, balaaf saaxilamoo kan hintaanee fi bakkeen hojii kiyya wantoota nageenya koof barbaachisan naaf guuteera, garuu hojjachuuf baayyeen sodaadhe.		

Deebiin kessan yoo **Eeyeen** ta'e *KAMIYYUU* kan Gaffilee 1-13 *fi* gaaffii 14 tiff, tibba weerara KOVID-19 tiin faayidaalee hojii dhabummaatiif seera qabeessa ta'u dandeessu. Deebiin keessan **Lakki** yoo ta'e kan gaaffilee kaneen *HUNDAAFUU* tiif, seera qabeessa hin taatan ta'a. Faayiidaalee dheereeffame jalatti seera qabeessa akka taatan yoo yaaddan ta'e, maaloo esd.wa.gov dabalata baruuf dowwadhaatii, qophaa'uun iyyadhaa.

KAN HAAROME: 04.22.20

ESD.WA.GOV

Kutaan Nageenya Qaxarrii (Employment Security Department) sagantaa/mindeessaa carraa wal qixaati. Deeggarsi gargaarsaa fi tajaajiliiwwan gaaffirratti namoota miidhaa qabaniif ni jira. Namoota dandeettii Afaan Inglizii muraasa qabaniif tajaajilli afaanii bilisaan ni argama. Tajaajila Dadabarsa Washington(Washington Relay Service): 711